## Cuunfaa

## Hirmaannaa Hawaasaa Fooyya’iinsa Piroojeektiiwwan Paarkilee fi Bakkeewwan Bashannanaa Bitter Lake (Biiter Leek) | Feeburaarii 2024

Waa’ee saxaxaa bakka bashannanaa, yaadrimee saxaxaa paarkii fi dudduubeewwan ogummaa hawaasaa irratti duub-deebii walitti qabuuf jecha Seattle Public Utilities (SPU, Waajjirri Tajaajila Hawaasaa Seattle), Seattle Parks and Recreation (SPR, Bashannanaa fi Paarkilee Seattle), Office of Arts & Culture (ARTS, Waajjirri Aadaa fi Aartii) akkasumas Department of Neighborhoods (DON, Muummeen Ollaawwanii) Feeburaarii 2-26 bara 2024 gidduutti kora taayaniiru.

- Minjaala odeeffannoo pirojeektii nama torbaa irratti namoonni 361 nu faana hirmaataniiru.
- Fayyadamtoonni addaa 1,779 immoo odeeffannoo fooyya’iinsa walakkeessa saxaxaa SPU, yaad-rimeewwan saxaxaa paarkii SPR, akkasumas fooyya’iinsa dhaqqabamiinsa ARTS karaa mana banaa keenya toora irraa qoodaman daawwataniiru
- Namoonni 116 immoo waa’ee sakatta’iinsa yaad-rimeewwan saxaxaa paarkii SPR sadan, tuqaa ilaalcha bakka bashannanaa SPU, fi yaadawwan dudduubee ogummaa hawaasaa ARTS irratti duub-deebii kennanii jiru.
- Namoonni hawaasawwan amantaa fi qomoo olla ta’an irraa dhufan 253 afaanota Kaantoniiz, Mandariin, Amaara, akkasumas Oromootiin Waajjira Dubbi Fixaa Hawaasaa biratti hirmaatanii jiru.
- Waa’ee yaad-rimeewwan saxaxaa paarkile irratti xiyyeeffachuun akkasumas filannoo dhuunfaa waa’ee dudduubee ogummaa hawaasaa irratti gareen mana mana irra deemuun yaadota dabalataa jiraattota fuullee Bitter Lake Reservoir (Wiirtuu Bashannana Biiter Leek) irraa yaada walitti qabeera
- Daldalawwan Bitter Lake (Biiter Leek) 22 hirmaatanii jiru

### Cuunfaawwan ijoo

Ollaawwan bakka armaan gadii kana filatan:

- Kan- filannoowwan daandii, teessumaa fi qubsuma battalaa kan nama hundumaaf dhaqqabamaa ta’e qabuu fi Americans with Disabilities Act (ADA, Seera Qaama Miidhamtoota Amerikaa) fi dursa kennu
- Kan bakkeewwan magarisaa duraan turan eeguu fi gorduuba hawaasaa P-Paach babal’isu, biqiloota gaaddisa qaban dabalataa dhaabu, biqiloota ganamaa ykn dur duriin achi jiran dhaabuu, akkasumas naannoowwan tapha uumamaa kalaqu
- Kan biqiloota waggaa guutuu gaaddisa qaban dhaabu, jijjiirama qilleensaa qolachuuf jecha biqiloota ganamaa (kan duraan achi turan) dhaabuu, akkasumas karoora suphiinsaa baasuun qubsuma walitti qabamiinsaa uumuu irratti kan xiyyeeffate
- Bakka ijaarsii fi saxaxaan sun hubaatii baay’ina uummataa naannichatti dabalaa jiru irraan ga’u, keessumaa immoo waca sagalee, nageenya, dhuunfummaa, yakkaa fi dhaabbii konkolaataan wal qabatee xiyyeeffannoo kan kennu

- Bakka sagantaa paarkii walitti qabama dhaloota danuu, teessumawwan dabalataa fi minjaalawwan bashannanaa, akkasumas bakka tapha ijoollee kan naannoo gorduuba P-Paachii hawaasaa bal'aa ta'e uumuun bakka dhaabbii konkolaataa kan bal'isu

## Cuunfaa bu'aa sakatta'iinsaa

- Bakka banaa fi yaad-rimee saxaxaa paarkii: Yaad-rimeewwan saxaxaa sadan keessaa, hirmaattonni yaad-rimee "Flow" jedhu giddu galeessaan qabxii ol'aanaan filatan. Namoonni hedduun yaad-rimeewwan sadan iyyuu gorduuba hawaasaa P-Paach fi naannoowwan taphaa akkasumas biqiloota, mukeen, daandiiwwan, akkasumas teessumawwan faana qindoominaan akka hojjetamu filatan.
- Amaloota tuqaa ilaalcha Bashannanaa: Filannoon guddichi deebi kennitoonni filatan bakka ilaalcha bashannanichaatti teessuma dabalataa dabaluudha.
- Cuunfaawwan ogummaa lafa hawaasa: Deebi kennitoonni waa'ee dudduubeewwan ogummaa hawaasaa kan seenaa naannoo fi marsaa bishaaniin wal qabatu ilaalchisee filannoo wal qixa kennan.

*Guutummaa cuunfaa hirmaannichaa yoo barbaaddan gaafattanii argachuu dandeessu.*